Oromo
Afaan Oromo

Qajeelfama barattoota bara 2021itti qormaata barreeffamaa VCE fudhatan hundaaf

Odeeffannoowwan armaan gadii gorsoota qormaata barreeffamaa VCE dhaan wal-qabatan kan 2021 VCE Exams Navigator keessatti argaman wajjiin dubbisuu qabdu. Maaloo kutaale Qormaata alaa VCE 'f meeshaalee fi waantota mirkaneeffaman, seerota VCAA , sagantaa yeroo qormaataa 2021 VCE akkasumas Dhiyeessii Addaa tiin wal-qabatan irratti xiyyeeffanoo guddaa kennaa.

Yeroo odeeffannoon kun barattootaa ilaallatutti, maatiiwwanii/kununsitootnni adeemsa isaa kan gamaggammiiwwan mirkaneessuuf argaman haala COVID irraa bilisa ta'e (COVIDSafe) itti gaggeeffamuu isaa akka beekaniif ni kennamaa.

VCE dhaaf qabxiiwwan dhumaa murteessuu keessatti yeroo qormaatileen barreeffamaa VCE gahee olaanaa ta'e taphatutti, sababa dhibee COVID-19 tiif qormaata barreeffamaa VCE kamiyyuu xumuruu yoo dadhabdan Qabxii Qormaataa Argame(Derived Examination Score ,DES) argachuudhaaf iyyannoo keessan galchuu ni dandeessu.

DES qormaatilee manneen barnootaa keessatti qindaa'an, qormaatilee dabalataa barnoota keessatti fudhattan kamiyyuu, qabxiilee Qormaata Gahumsa Waliigalaa(General Achievement Test (GAT), akkasumas reenjii odeeffannoo dabalataa manneen barnootaa keessaniin dhiyeeffaman fayyadamuu dhaan shallagama.

VCAA'n qabxiiwwan haqaa fi sirrii ta'an argachuu keessan mirkaneessuuf adeemsota jiran lafa kaa'ee jira.

Manni barumsaa keessan waantota armaan gadii isiniif dhiyeessuu isaa mirkaneeffachuu qabdu:

- Gara galcha **Qormaata Barataa/Sagantaa Qormaataa,** guyyaa, sa'aatii akkasumas iddoowwan qormaataa keessan hundaa eeruudhaan, akkasumas qormaata hundaaf iyyata DES galchuudhaaf guyyaa xumuraa; akkasumas iddoo sirrii ta'e
- qormaata kamiifiyyuu bakka VCAAn Qindeessii Qormaata Addaa mirkaneessetti **Garagalcha waraqaa Gorsaa Qindeessiiwwan Qormaata Addaa** keessan.

Qormaatilee barreeffaamaa VCE COVID-Safe(haala COVID irraa bilisa ta'een) gaggeessuuf safartuuwwan biroo akkamiitu jiraa?

Qormaatileen barreeffamaa VCE mana barumsaa keessanitti yookin bakkee birootti akka dhiyeessaa barnootaa keessaniin gorfametti gaggeeffamuu danda'u. Manneen barnootaa Viiktooriyaa hundi akkasumas dhiyeessitoonni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa biroo Karoora COVIDSafe ta'e qabaachuu qabu.

Reenjiin nageenyaa biroo kan Damee Fayyaa (Department of Health)'n mirkaneeffaman naannoowwan qormaataa nageenya barattootaa, supparvaayizarootaa fi hojjettoota mana barumsaa eeguudhaaf COVIDSafe ta'uu isaanii mirkaneessuuf ni kaawamu. Safartuuwwan nageenyaa kunneen kanneen armaan gadii of keessaa qabu:

- Adeemsa galmee akka qaqqabdaniin

© VCAA KAN BEEKAMTII QABU

- Kaaree meetirii 4 keessatti walitti dhiyeenyi barataa tokkoof ulaagaa jiru eeguudhaan ulaagaalee walirraa fageenyaa haala deeggaruun iddoo qormaataa qopheessuu, akkasumas
- Qormaata hunda dura teessoowwanii fi xarapheezaawwan jiran keemikaalaan qulqulleessuu, akkasumas bakkeewwan harkaan yeroo yeroodhaan xuqaman hundumaa.

COVIDSafe (COVID irra haala bilisa ta'een raawwachuuf) maal gochuutu narraa eegamaa?

Dirqama gochuu kan qabdan:

- Maaskii fuulaa kan funyaanii fi afaan keessan haguugu uffadhaa, qajeelfama manneen barnootaa Viiktooriyaa yeroo ammaa irratti hundaa'uudhaan, yoo sababa qaama miidhamummaa yookin haalota fayyaa qabdniin isiniif eeyyamame malee. yeroo hundumaa maaskii fuulaa keessan uffachuu qabdu, yeroo geessanitti, yeroo qormaataa, akkasumas yeroo baatan dabalatee.
- Yeroo hunda qulqullina harkaa keessan eeggadhaa, yeroo gara mooraa seentanii fi baatan dabalatee; akkasumas
- Fageenya qaamaa keessan eeggadhaa, yeroo hundumaa yoo xiqqaate namoota biroo irraa meetira 1.5 fagaadhaa.

Yoon qaama miidhamaa ta'e, yookin dhibee biroo kan COVID-19 f ana saaxiluu danda'an yoon qabaadhe maal gochuun qabaa?

Qaama miidhamoo yoo taatan, dhukkubii yookin daangaalee biroo kan kana caala COVID_19 akka dhukkubsattan isin taasisuu danda'an yoo qabaattan, Qindeessii Qormaataa Addaa hunda mana barumsaa keessan waliin irratti mari'achuu qabdu. Kunis tarii mooraa mana barumsaa keessatti qormaaticha irra qofaatti qajeelfamoota fayyaa fi nageenyaa hordofuudhaan akka teessan taasifamuu dandeessu.

Torbee dhumaa irratti, yookin guyyaa qormaataa irratti yoo na dhukkubee hoo maal gochuun qabaa?

Yoo isin dhukkuba ta'e yookin mallattoolee COVID-19 qabdu ta'e qormaata qoramuuf dirqama hin qabdni, giddu galeessa ta'uyyuu, kanneen armaan gadii dabalatee:

- Fuunfachuu yookin dhamdhamuu dadhabuu;
- Gubaa qaamaa, dhaamochiisuu yookin dafqisiisuu;
- utaalloo, dhukkubbii qoonqoo yookin dhangalaa'a funyaan keessaa;
- Hargansuu dadhabuu; akkasumas
- Haalota tokko tokko keessatti dhukkubbii mataa, dhukkubbii xuunchaa, heq jechuu, ol deebisiisuu akkasumas albaasuunis akkasuma akka mallattootti lakkaawamuu danda'u.

Mallattoolee armaan gadii keessa kamiyyuu yoo qabaattan odeeffannoo dabalataaf mana barumsaa keessan qunnamaa. hanga danda'ametti COVID-19 qoratamaa akkasumas yeroo qabxiin keessan eeggitii jala jirutti mana keessa turaa. Buufata qorannichaa yookin funaanaa odeeffannoo sanaaf akka barataa VCE taatan itti himaa, barattoota VCE dhaaf hanga danda'ametti adeemsi qorannoo irratti qabxii ariitiidhaan akka argattaniif dursi ni kennama.

Qabxii qorannoo COVID-19 kan **Mallaattoo qabeessa** ta'ee eggachaa jirtu yoo ta'e dirqama mana turuu qabdu

Akka qaqqabdaniin mallattoolee COVID-19 kamiyyuu agarsiisaa jirtu yoo ta'e yookin yeroo qormaataatti yoo isin dhukkube, kutaa biraa keessa akka turtaniif ni gaafatamtu akkasumas maatiin yookin kunuunsaan keessan akka dhufee isin fudhatuuf ni bilbillaafi.

Gaafa guyyaa qormaataa mallattoo COVID-19 waliin wal-qabatee yoo isin dhukkubaa jira ta'e, dirqama qormaaticha irratti hirmaachuu hin qabdani.

Qoratamuu qabdu akkasumas hanga qabxii qorannoo keessanii argattanitti mana keessa turuu qabdu. Qormaata irratti hirmaachuu waan hin dandeenyeef, DES dhaaf iyyachuu ni dandeessu.

Qormaata barreeffamaa VCE irratti hirmaachuudhaan, akka COVID-19 hin qabne akkasumas mallattoolee COVID-19 waliin wal-qabatan kamiyyuu akka hin qabne mirkaneessaa jirtu.

Daangessiiwwan biroo kam keessattin qormaata irratti hirmaachuu dhiisuu danda'aa?

Dhukkubsachuu irratti dabalataan gaafa guyyaa qormaataa, COVID-19 qoratamtanii poosatiiva yoo taatan, yookin qabxii qorannoo **mallattoo qabeessaa** kan qorannoo COVID-19 eggachaa jirtu ta'e **dirqama qormaata barreeffamaa fudhachuun hin qabdani.** Daangessiiwwan kana keessatti, DES dhaaf iyyachuuf ulaagaa ni guuttu.

Akka Nama Qunnamtii Jalqabaa(Primary Close Contact(PCC) itti yoon adda baafame maaltu ta'aa?

Muummen Fayyaa (Department of Health) barattoonni akka Nama Qunnamtii Jalqabaatti(Primary Close Contact) itti adda baafaman kutaa isaaniif ramadame keessatti qormaata barreeffamaa isaanii fudhachuu akka danda'an mirkaneessee jira.

Akka Nama Qunnamtii Jalqabaa(Primary Close Contact) itti yoo adda baafamtanii jirtu ta'e, qajeelfamoota muummee fayyaa (Deparment of Health) hordofuu qabdu akkasumas manni barumsaa keessan qindeessiiwwan dirqama hordofuu qabdan hubachuu keessan mirkaneessuuf isin qunnama, kanneen armaan gadii dabalatee:

- Ulaagaalee kuuwaarantiinii fi qorannoo COVID-19, guutummaan guutuutti talaalamtaniis talaalamuu baattanis; akkasumas
- Seenaa himalaa akkasumas fayyaa fi ulaagaalee nageenyaa guyyoota qormaata barreeffamaa qabdan hundumaa.

Sababa COVID-19 tiif DES argachuuf iyyachuudhaaf ragaa akkamii na barbaachisaa?

Qormaata xumuruu irra dhorkamtanii yookin gahumsi keessan sababa COVID-19 tiif miidhamee jira yoo ta'e DES argachuudhaaf iyyachuuf ulaagaa ni guuttu.

Ulaagaaleen Ragaa kanneen armaan gadii of keessatti haammatu:

- Xalayaa/mudannoo deeggarsaa mana barumsaaa irraa; akkasumas
- Ragaa qorannoo COVID-19 – kanneen akka waraqaa ragaa ogeessota fayyaa of danda'oo kana qorannoo akka taasiftaniif gorsaa jiran irra.

Cufaminsa mana barumsaa sababa COVID-19tiin

Manni barumsaa keessan sababa COVID-19 tiif yeroodhaaf cufamee jira yoo ta'e akkasumas sababa kanaaf qormaata tokko yookin isaa ol irratti hirmaachuu hin dandeenye yoo ta'e, manni barumsaa keessan akka isin hin miidhamne taasisuuf VCAA waliin ta'uun ni hojjeta. Yoo wanti kun mudatee jira ta'e DES ‘f’ iyyachuu hin qabdani.

Anaaf deeggarsa fayyaa sammuu fi nageenyaa kam fa'aatu argamaa?

Miirrii mukaa'inaa yookin yaaddoo waliigalaa isinitti akkasumas maatii keessanitti yeroo turtii qormaatilee VCE alaatti isinitti dhagahamuu danda'a. Gar tokkeen keessan miirota kana irraa jajjabina horachuu dandeessuu, garuu kanneen biroo deeggarsa dabalataa, maatiiwwan, hiriyoota, barsiisota amanamoo

ta'an yookin ogeessota fayyaa meedikaalaa yookin sammuu irraa odeeffannoo dabalataa gaafachuu danda'u.

Yeroo darbetti ogeessaa meedikaalaa yookin fayyaa sammuu waliin hojjettanii jirtu yoo ta'e, amma tarii 'seentanii' si'aayinaan yaaddoo isin, maatiin keessan, hiriyootni yookin manni barumsaa qabaachuu danda'u to'achuudhaaf qajeelfamoota jiran si'eessuudhaaf yeroo gaarii ta'uu mala.

Gargaarsota garaagaraatu isiniif argama, kanneen akka:

- Meeshaalee wal'aansa fayyaa sammuu(education.vic.gov.au)
- https://www.education.vic.gov.au/Documents/school/teachers/health/mentalhealth/quick-guide-to-student-mental-health-and-wellbeing-resources.pdf

Gamaggammii kootiin dura akkamittiiniin of-eeggachuudhaan turuu danda'aa?

Jiraattonni Viiktooriyaa waggaa 12 fi isaa ol ta'an hundi amma talaallii COVID-19 argachuudhaaf ulaagaa jiru ni guutu. Talaalamuun ofii keessan, maatii keessan akkasumas hawaasa mana barnootaa keenya tatamsa'ina fi faca'insa dabalataa COVID-19 irraa eeguudhaaf karaa isa baay'ee gaarii ta'edha.

Talaallii fudhachuun qormaataaf dirqama miti, garuu yoo wal'anaan fayyaa keessan isin gorseen alatti akka talaalamtaniif baayee jajjabeeffamtu. Waayee talaallichaa fi daangaalee waayee fayyaa dhuunfaa keessanii irratti gaaffilee kamiyyuu yoo qabaattan maaloo dooktora keessanitti dubbadhaa.

Barattootni hundi qormaata isaaniin duran doozii jalqabaa isaaniif akka galmaa'an ni jajjabeeffamu. Dhiibbaawwan cinaa kanneen akka dadhabbii, dhukkubbii mataa, dhukkubbii lafee qamaa, qorra qorra jechuu akkasumas/yookin dhibeewwan isaan wal-qabatan yeroo qormaataa irratti akka isini hin mudanne dhorkuuf talaallii jalqabaa keessan gaafa guyyaa qormaata sanaa, yookin guyyaa dursaa gaafa qormaataa akka fudhattaniif hin gorfamu.

Odeeffannoo dabalataaf, weebsaayitii Department of Health(Muummee Fayyaa) ilaalaa: Odeeffannoo talaallii daa'immanii fi ijoolleedhaaf | Coronavirus Victoria. Kunis odeeffannoo hiikame of keessatti haammata: odeeffannoo talaalliiwwan COVID-19 kan hiikaman | Coronavirus Victoria.

Hanga danda'ametti guyyoottan yookin torbeewwan sana keessatti hanga qormaata barreeffamaa keessanitti COVID-Safe (haala COVID irra bilisa ta'een) akka hirmaattan ni jajjabeeffamtu. Kunis naannoowwan walitti siqinsa olaanaa qaban ittisuu, bakkeewwan dhiphatoo, yookin yoo danda'ame geejjiboota hawaasaa ittisuu of keessatti dabalata.

Maatiiwwan/Kununsitootaaf qabeenyota akkamiitu jiraa?

Yeroodhaaf maatiin akkamitti haala gaariin daa'imman isaanii akka deeggaran beekuun ulfaataa ta'uu danda'a. Qabeenyotni maatii fi kununsitootaa kanneen armaan gadii of keessatti dabalata:

- Maatiiwwan fayyaa fi nageenya daa'ima isaanii akka deeggaraniif gorsa kennamu.
- Tarree Poodkaastii Rising Learners.

Odeeffannoo dabalataa eessaan argadhaa?

Gorsa fayyaa dabalataatiif toora bilbilaa COVID-19 kan sa'a 24 hojjetuuf 1800 675 398 irratti bilbiluu dandeessuu, GP keessan yookin weebsaayitii Damee Fayyaa (Department of Health) keessan ilaaluus ni dandeessu. https://www.dhhs.vic.gov.au/victorian-public-coronavirus-disease-covid-19#what-are-the-symptoms-of-coronavirus-covid-19.